

# DHUKKUBA SUKKAARAA ULFAA

## ulfa koo, daa'ima koo fi ana





Yooyaa!

Daa'ima fayyaa qabu qabaachuu fi isinillee fayyaa keessan eeguu ni barbaaddu. Yeroo tokko tokko namoonni dhukkuba sukkaaraa ulfaan walqabate akka qaban yeroo itti himamu miiroi cimaan humna ol ta'ee itti dhaga'ama, isiniittis dhaga'amuu danda'a. Odeeffannoo fi yaadonni barruu kana keessa jiran akka isin gargaaran abdii qabna. Nyaanni fi sochiin akka wal madaaluu taasisuun dhukkuba sukkaaraa ulfaan wal qabate to'aachuuf gargaara. Ogeessi kunuunsa fayyaa fi ogeessi nyaataa galmaa'e keessan maaltu akka gaarii isiniif ta'e akka bartan isin gargaaru.

Carraa Gaarii!

Nagaa Wajjin, Hojjattoota sagantaa WIC keessan

Waa'ee dhukkuba sukkaaraa ulfaan wal qabatee marsariitiwwan kannnen daawwachuuudhaan caalaatti baruu dandeessu:



Mallattoolee  
Dhukkuba Sukkaaraa  
Ulfaa, Yaaliwwan  
American Diabetes  
Association  
(diabetes.org)



Dhukkuba Sukkaaraa  
Ulfaan wal qabatee  
fi Ulfa Centers for  
Disease Control  
(Wiirtuu To'annoo  
Dhukkubaa) (cdc.gov)



Dhukkuba Sukkaaraa Ulfaan wal qabate - National Institute of Diabetes and Digestive and Kidney Diseases (Dhaabbata Biyyooleessa Dhukkuba Sukkaaraa Ulfaan Wal Qabatee fi Dhukkuboota Bullaa'insa Nyataa fi Tiruu) (niddk.nih.gov)



Dhukkuba Sukkaaraa  
Ulfaan wal qabate  
American Congress  
of Obstetricians and  
Gynecologists  
(acog.org)

## **Dhukkuba sukkaaraa ulfaan walqabate maali?**

Dhukkubni sukkaaraa ulfaan wal qabate yeroo ulfaa kan mudatu yeroo gulukoosiin (sukkaarri dhiigaa) garmalee baay'ee ta'e humnaaf oolu dhiisee dhiiga keessa turuudha. Insuliiniin hormoonii qaama keenyan uumamu yoo ta'u, sukkaara dhiigaa humnaaf akka fayyadamnuu fi hammi dhiigaa osoo hin jijjiiramiin akka tasgabbaa'an nu gargaara. Hormooniin ulfaa insuliini gidduu seenuu ni danda'ama. Yeroo tokko tokko qaamni insuliini gahaa oomishuu waan hin dandeenyef hammi sukkaara dhiigaa ol ka'a. Kuni dhukkuba sukkaaraa ulfaan walqabateedha.

## **Sukkaarri dhiigaa fi guluukoosiin dhiigaa waan walfakkataadha?**

Eeyyee. Galmee kana keessatti jecha sukkaara dhiigaa jedhu fayyadamna.

### **Kun ulfa koo irratti maal fida?**

Yeroo hammi sukkaara dhiigaa keessan yeroo ulfaa olka'e, sukkaarri dabalataa gara daa'ima keessaniitti deema.

- » Daa'imni keessan sukkaara irraa kaaloriwwan dabalataa argachuun akka coomaatti kuufata. Kunis daa'imni keessan yeroo dhalatu ulfaatina dabalataa akka qabaatu gochuu fi da'umsi akka caalatti akka ulfaatu gochuu danda'a.
- » Rajijiin daa'ima keessanii olka'insa sukkaara dhiigaa isin irraa dhufu to'achuuf insuliini dabalataa oomisha.
- » Daa'imni keessan erga dhalatee booda insuliini dabalataa uumuu itti fufa. Kunis daa'imni keessan sukkaara dhiigaa gadi aanaa ta'e akka qabaatu taasisa.

Sukkaara dhiiga keessanii qorachuu fi to'achuun isinii fi daa'imni keessan fayyaa akka qabaattan isin gargaara!

Yeroo sukkaarri dhiiga keessanii olka'ee turu, rakkowwan armaan gadii isin qunnamuu danda'u:

- » Dhiibbaa dhiigaa Olaanaa (Dhiibbaa Dhiigaa)
- » Infeekshinii ujummoo fincaanii (infekshinii kalee fi afuuffee fincaanii)
- » Daa'imni keessan nagaadhaan da'uuf hamma caasaa-C (Yaala baqaqsuutin dahuu) isa barbaachisutti guddachuu danda'a.



*"Nyaata ani nyaadhu ilaaluu  
fi guyyaa koo keessatti sochii  
tokko tokko dabaluudhaan,  
sukkaaraa dhiiga koo sadarkaa  
idilee irra akka turu gochuu  
danda'eera. Kanan yaade  
caalaa salphaa ture, fayyaa  
lamaan keenyayyuu eeguuf  
jijiirama kana gochuu kootti  
gammadeera."*

## Dhukkubni sukkaaraa ulfaan wal qabate daa'ima kootiif hiikaa maali qaba?

Yeroo ulfaa taatan sukkaaraa dhiigaa keessan hamma gorfame irra akka turu taasisuun, daa'ima keessan eeguufi akka gaariitti akka guddatu gargaara.

Yoo sukkaarri dhiiga keessan olka'ee ture, daa'imni keessan balaawwan armaan gadiitif carraa olaanaa qaba:

- » Gogaa fi ijaa gara halluu keellootti jijiiramuu
- » Da'umsa rakkisaa ta'e kan rakkooawan gateettii fidu qabaachuu.
- » Sababs hamma sukkaaraa dhiigaa gadi aanaa ta'eef da'umsa booda guyyoota dabalataaf hospitaala turuun barbaachisuu.
- » Rakkoowan hargansuu (dhibee sirna hargansuu) qabaachuu.
- » Rakkoowan harma hoosisuu mudachuu danda'u.
- » Yeroo dulluoma dhukkuba sukkaaraa gosa 2ffaa qabaachuu.
- » Dhalachuu irra kan jiru.

# **Amma dhukkuba sukkaaraa ulfaan wal qabate wajjiin ofii koo fi daa'ima kootif akkamittan of eeggannoo taasisuu danda'a?**

- » Nyaatonni sukkaaraa dhiigaa keessan irratti akkamitti dhiibbaa akka geessisan baradhaa.
- » Hammi sukkaara dhiigaa keessanii osoo hin jijjiiramin akka turu gargaaruuf nyaata fi nyaata xiqqoo dabalataa yeroo isaa eeguun nyaadhaa.
- » Ogeessa nyaataa eeyyama qabuu fi/ykn ogeessa addaa kunuunsaa fi barnoota dhukkuba sukkaaraa mirkanaa'e qabu waliin waa'ee amaloota dhukkuba sukkaaraa ulfaan wal qabate keessanii ittin to'achuu dandeessan mari'achiisaa.
- » Sukkaara dhiigaa keessan akka ogeessi fayyaa keessanii isin gorsetti qoradhaa.
- » Waa'ee sochiwwan hojjechuu dandeessan ilaalchisee ogeessa fayyaa keessan gaafadhaa. Sochiin sukkaara dhiigaa fayyadamuuf isin gargaara.
- » Insuliinii akka ogeessi fayyaa keessan isin gorsutti fayyadamaa.
- » Yeroo ulfaa gara beellamoota kunuunsa fayyaa fi WIC hunda deemaa.

**Ogeessi fayyaa ykn kilinikiin keessan sukkaara dhiigaa keessan qorachuu fi hamma isinii fi daa'ima keessaniif gaarii ta'e turuu qabu akka barattan isin gargaara.**



*"Yeroo ulfa koo si'oominnii fi nyaata soorataa madaalawaa nyaachuun baay'ee barbaachisaadha."*

## **Sochiin maaliif barbaachisa?**

Sochiin sukkaarri dhiigaa keessan akka gadi bu'u taasisuuf gargaara.

Yaadonni warra ulfa ta'an biroof hojjetan tokko tokko kunooti:

"Deemsa miillaa gabaabaa nan deema, yeroon deebi'u illee miira gaariin natti dhaga'ama."

"Ergan nyaadhee booda diriirifannaa qaamaa salphaa tokko tokko nan godha, akkasumas yeroo tokko tokko immoo daqiqaa muraasaaf bakkan jirutti sochii adeemsaa nan godha."

"Muuziqaa tokko tokko banee nan shubbis!"

"Ijoollee koo gara paarkii nan geessa. Furguggee ni jaallatu."

"Naannoo manaa yeroon qulqulleessu ykn erga nyaadhee booda hojii mana keessaa salphaa ta'e xiqqoo yeroon hojjedhu, sukkaara dhiigaa kootif akka na gargaare beekera. Uffata dachaasun, mi'awwan dhiquun, lafa qulqulleessuun ykn wantoota kaasuun iddo biroo olkaa'uun jijiirama fideera."

## **Maal/Akkamittan nyaachuu qaba?**

Sa'aatiawan muraasa booda nyaataa ykn nyaata xixiqqoo dabalataa fayyaaf gaarii ta'an nyaadhaa.

Nyaataawwanii fi nyaata xixiqqoo dabalataatti pirootiini dabala.

Yeroo ciisichaa nyaata salphaa pirootiini fi kaarboohayidireetii of keessaa qabu nyaadhaa.

Fakkeenyoota:

- » Buddeena qamadii faffatoo hanqaaku walini
- » Itittuu salphaa hin mi'oofne

Nyaataawan akka nyaata pirootiini fi kuduraalee istaarchii hin qabne kan sukkaara dhiiga keessan garmalee hin olkaasne filadhaa. Nyaatonni pirootiini qaban akka miirri quufaa isinitti dhaga'amuu fi daa'imni keessan akka guddattu isin gargaaru.

Nyaatonni Pirootiini kanneen armaan gadiiti:

- » Buuphaalee
- » Handaqqoo ykn Handaqqoo Faranjii
- » Foon diimaa
- » Baaduu
- » Qurxummii
- » Itittuu salphaa hin mi'oofne  
(kaarboohayidireetiis ni kenna)
- » Toofuu
- » Dhaadhaa Ocholooni/loozii/Sanyii
- » Baaqelaa (kaarboohayidireetiis ni kenna)

### **Yaadachiistoota nageenya nyaataa:**

- » Foon, hanqaakuu, hindaaqqoo faraanji (turkey), qurxummii fi hanqaakuuwan hunda sirriitti hanga dhumaatti bilcheessaa.
- » Foon deeli, hoot doggii fi muraa qorraa hanga danfutti ho'isaa.
- » Baaduwaan lallaafaa (kan akka: feta, cuqlisia, birii, qu'eesoo bilaankoo, qu'eesoo fireeskoo) fa'a hin nyaatinaa.
- » Yoo qurxummii kan nyaattan ta'e, WIC ykn ogeessa fayyaaf keessan odeeffanno dabalataa gaafadhaa.

**Waa'ee yeroo ulfaa qurxummii nagaan nyaachuu caalaatti baruuf [doh.wa.gov/  
community-and-environment/food/fish/women-and-children](http://doh.wa.gov/community-and-environment/food/fish/women-and-children) daawwadhaa.**



## Kuduraaleen istaarchii hin qabne maal fa'i?

Kuduraaleen istaarchii hin qabne sukkaara dhiigaa baay'ee ol hin kaasu. Akkasumas qabiyyee soorataan kan guutameedha! Isaanis vitaaminootaa fi albuudawwan qaamni keessan barbaaduun kan guutaman yoo ta'u, hidda kan qaban yoo ta'u, kunis akka miirri quufu isinitti dhaga'amu gargaara, akkasumas gogiinsa garaatin akka hin qabaanne isin gargaara. Nyaataawwanii fi nyaata xixiqqoo dabalataa keessan irratti kuduraalee dabaluu yaalaa. Mi'eessituu ykn dhadhaa xiqqoo, shorbaa ykn salaada keessatti bilcheessuun akka dhihaatan taasisaa.

Fakkeenyoota:

- |                     |                     |            |            |
|---------------------|---------------------|------------|------------|
| » Salaaxaa-         | » Abraangoo         | » Kileerii | » Barbaree |
| magariisa, raafuu   | Biruusili Ispruutii | Dabaqaqla  | Timaatima  |
| faranii, kollardii, | » Raafuu            | faranjii   | Zucchini   |
| kale, bok choy,     | » Kaarotii          | » Coommee  |            |
| » Birokolii         |                     | » Okra     |            |

*"Nyaata pirootiinii  
nyaataawwan fi nyaata  
xixiqqoo dabalataa koo  
keessatti dabaluudhaan  
sukkaara dhiiga koo  
caalaatti kan hin jijiiramne  
tasgabba'aa akka ta'u  
gochuu danda'eera.  
Garmalee akkan beela'u  
hin heyyamu, kanaaf  
sa'atiiwyan 2 ykn 3'tti  
waan tokko nan nyaadha."*



## Kaarboohayidireetiin hoo maali?

Kaarboohayidireetiiwan qabiyyeewan soorata barbaachisoo ta'an kan kennan yoo ta'u, humna nuuf kenna. Isinii fi daa'imni keessan yeroo ulfa taatan kaarboohayidireetiiwan irraa anniisaan isin barbaachisa. Haa ta'u malee, nyaanni kaarboohayidireetii garmalee baay'ee ta'e qabu sukkaara dhiigaa keessan garmalee akka ol ka'u gochuu danda'a. Nyaatawwan kaarboohayidireetii baay'ee qaban kanneen yeroo nyaattan hamma isaa xiqqeessaa:

- Fuduraa
- Aannan
- Kuduraalee istaarchii qaban
  - o Boqolloo
  - o atarawwan
  - o Dinnichoota
  - o kuduraalee walitti makaman
  - o Baqeelaawwan (kan akka: pinto, gurraacha, garbanzo)
- Midhaan\*
  - o Dabboo
  - o Paastaa
  - o Ruuzii
  - o Tortilaas

## Nyaatawwan akkamii irraa of eeggachuu qaba?

Nyaatonni sukkaarri itti dabalamo dafanii sukkaara dhiigaa keessan ol kaasuu danda'a. Yeroo ulfa taatan nyaatawwan mi'aawaa fi sukkaara qaban irraa fagaachuuf yaalaa. Yoo kan nyaattan ta'e, hamma isaanii kan armaan gadiitti daangessaa:

- » Hamma xixiqqoo filachuu
- » Nyaata ykn nyaata xixiqqoo dabalataa waliin nyaachuu

Nyaatawwan mi'aawoo kanneen dangeessa yookiin dhiisaa:

- » soodaa idilee
- » damma
- » keekiwwan
- » kuukiisiwwan
- » karameellaa
- » cuunfaa fuduraa fi dhugaatiwwan fuduraa
- » dhugaatiwwan sukkaara qaban kan akka Kool-Aid fi dhugaatii cuunfaa loomii
- » dhugaatiwwan bunaa mi'aawaa ta'an
- » marmaraattawwan
- » piisi

\* Hamma danda'ametti gosootta midhaanii qabiyyee guutuu qabu filadhaa. Midhaan qabiyyee guutuu qaban qabiyyee soorataa fi nyaata faayibarii of keessaatti qaba.

## Yaadawwan Nyaata Xixiqqoo Dabalataa:

- » Hanqaauuuwan Bilcheefaman
- » Itittuu - sukkaara xiqqaa ykn kan sukaara hin qabne yaalaa
- » Kileeri dhaadhaa ocholooni wajjiin
- » Hamaas ykn Dhadhaa ocholooni kuduraalee wajjiin
- » Loozii
- » Baaduu

## Malli Nyaata Dhukkuba Sukkaaraa maali?

Namoonni tokko tokko nyaataawwan karoorfachuu fi filannoowwan nyaataa madaaluuf Mala salphaa nyaata Dhukkuba sukkaaraa fayyadamuu jaallatu. Mala nyaataa hordofuuuf, walakkaa nyaataa keessan kuduraalee istaarchii hin qabneen, harka afur keessaa tokko pirootiiniin, afurtama tokko immoo nyaataawwan kaarboohayidireetii kan akka midhaan qabiyyee guutuu qaban, kuduraalee istaarchii qaban ykn fuduraadhan guutaa.

***Waa'ee Mala Nyaata Dhukkuba Sukkaaraa caalaatti baradhaa***



## Da'umsa booda maaltu ta'a?

Namoota baay'eedhaaf, hammi sukkaara dhiigaa erga daa'imni dhalatee booda gara hamma dhukkuba sukkaaraa hin taaneetti deebi'a. Haa ta'u malee namoonni dhukkuboota sukkaaraa ulfaan wal qabatu qaban bara jirenya isaanii keessatti dhukkuba sukkaaraa gosa 2 ffaadhan qabamuuf carraan isaanii guddaadha. Yoo dhukkuba sukkaaraa ulfaan walqabateen qabamtan qorannoo dhukkuba sukkaaraa gochuun barbaachisaadha:

- » Da'umsa booda torban jaha booda qorannoo dhukkuba sukkaaraa taasisaa.
- » Wagga waggaan qorannoo dhukkuba sukkaaraa irra deebiin taasisaa.

Qorannoona isiniif kan hin kennamne yoo ta'e ogeessa kunuunsa fayyaa ykn kilinika keessan qorannooodhaf gaafadhaa.

## Daa'ima koo harma hoosisuu nan danda'a?

Eeyyee!

Aannan harmaa madda qabiyee soorataa daa'immaniif hunda caalaa gaarii ta'eedha. Daa'imni keessan akkuma guddachaa deemuun aannan keessan fedhii qabiyee soorataa daa'ima keessanii guutuuf jijjiirama. Daa'imman harma hoosisaman carraan dhukkubawwan gurraa fi dhukkuba garaachaa qabaachuu isaanii xiqqaadha. Daa'imman harma hoosisaman dhukkuba sukkaaraa dabalatee carraan dhukkuboota tokko tokkoon qabamuu isaanii xiqqaadha.

Faayidaalee isin argataniis ni jiru! Kaansariiwwan tokko tokko, dhukkubni sukkaaraa gosa 2ffaa fi dhiibbaan dhiigaa olaanaa ta'e namoota harma hoosisan irratti baay'ee hin mul'atu.

## Dhukkuba sukkaaraa gosa 2ffaa ittisuuf ykn tursiisuuf akkamittan gargaaruu danda'a?

- » Nyaatawwan qabiyee soorataa qaban nyaadhaha. Kannen filadhaa: midhaan guutuu, kuduraalee, fuduraalee, foon diimaa, aannan cooma xiqqaa qabu, loozii, sanyiiwwanii fi baaqelaawwan.
- » Bishaan dhugaatii qulqulluu fayyadamaa
- » Torban keessatti guyyoota baay'ee sochii qaamaa gochuu.
- » Wagga waggaan qorannoo dhukkuba sukkaaraa taasisaa.



## **Daa'imni kooakkuma guddachaa deemuun akkamittan fayyaa isaa eeguu danda'a?**

- » Daa'ima keessan hamma lamaan keessan barbaaddanitti harma hoosisaa.
- » Yeroo daa'imichi naannoo ji'a 6 guutu nyaatawwan jajjaboo barsiisaa.
- » Sochii godhaa, daalima keessanis akkaataa sochii itti godhu itti agarsiisaa.
- » Yeroo nyaataa yeroo maatii godhaa.
- » Gara beellama daawwanna kunuunsa fayyaa hunda deemuudhaan, dhukkubaa sukkaaraa ulfaan wal qabate akka qabdan itti himuudhaan akka isaan beekan taasisaa.
- » WIC waliin turaa.

## **Dhukkuba sukkaaraa ulfaan wal qabate koo to'achuuf maal gochuun danda'a:**

- » Guyyaa guyyaan sochii godhaa.
- » Hir'iba gaarii argachuudhan guyyaa guyyaan boqadhaa.
- » Bishaan ykn dhugaati hin mi'oofne kan biroo kan akka shaayii baala mukaa dhugaa.
- » Sa'aatiwwan muraasa booda nyaadhaa.
- » Midhaan guutuu, kuduraalee istaarchii hin qabne, fuduraalee, foon diimaa, aannani cooma xiqqaa qabu, loozii, sanyiwwanii fi baaqelaawwan nyaadhaa.
- » Nyaataawwanii fi nyaata xixiqqoo dabalaatti pirootiinii dabalaan.
- » Hamma sukaara dhiigaa Keessan mirkaneessaa.
- » Gara Beellamawwan dahumsa duraa keessanii deemaa.
- » Yoo gaaffilee qabaattan, ogeessa fayyaa keessan yookiin WIC wajjiin haasa'aa.



Gosni qabiyeen kun inni jalqabaa kana kan qopheesse ejensii State of Texas (Mootummaa Teksaas) kan ta'e Department of State Health Services (DSHS, Qajeelcha Tajaajiloota Fayyaa Mootummaa) dha. DSHS qabiyee kana "akkuma jirutti" wabii gosa kamiinuu malee kenneera. Qabiyeen kun gosa jalqabaa irraa kan jijjiirame yoo ta'u, hojii biraa irraa argame bakka bu'a. Washington WIC maxxansa kana jijjiireera.

Dhaabbanni kun carraa walqixaa kenna.  
Washington WIC loogii hin godhu.



DOH 961-1058 December 2023 Oromo

Galmee kana bifai biraatin gaafachuu yoo barbaaddan, gara 1-800-841-1410 tti bilbilaa. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin [WIC@doh.wa.gov](mailto:WIC@doh.wa.gov) irratti imeelii ergaa.